

## Akkamittan seenaan/yaadni gama kootiin jiru akka dhaga’amu mirkaneessuu danda’a?

- Keezwoorkerii waliin hojjechuun maqaa fi odeeffannoo quunnamtii namoota odeeffannoo dabalataa dhiyeessuu danda’anii kennaafii. Haala tokko tokko keessatti hayyamamni/fedhiin barreeffamaa barbaachisuu danda’a.
- Haala keessan akka gaariitti akka hubataniif keezwoorkerii mana keessan akka seenu hayyamaa.
- Walgahii waa’ee dhimmichaa ykn ijoollee keessanii haasa’uuf saganteeffame/qophaa’e hunda irratti hirmaadhaa.
- Waa'ee adeemsichaa fi maal gochuu akka dandeessan gaaffiiwwan gaafadhaa.
- Yeroo gaafatamtanitti daa'imman keessan gara beellama ykn ogeeyyii yaalaa addaa kaminiyyuu geessuu keessan mirkaneessaa.
- Jijjiirama kaminiyyuu kan akka teessoo haaraa, nama haaraa mana keessajiraattan, ykn odeeffannoo quunnamtii haaraa irratti keezwoorkeriin odeeffannoo haara argachuu mirkaneessaa.
- Waa’ee leecaalloo/qabeenya gaafadhaa. Koonyaa/kaawuntii tokko tokko keessatti, adivookeetaroonni maatii yeroo qorannichaatti isin deeggaruuf ni argamu.
- Keezwoorkeriin namoota kan biroo haala sana irratti beekumsa qaban haa beeku. Keezwoorkeroonni odeeffannoo caalaatti yoo qabaatan murtoo gaarii kennuu danda’u.



## Dhimma koo irratti yaaddoo yoon qabaadhe eenyuunan qunnama?

Komii ykn yaaddoo yoo qabaattan, maaloo keezwoorkerii keessan ykn to'ataa/hogganaa isaanii qunnamaa.

Ammallee yaaddoowwan keessan furmaata kan hin arganne yoo ta'e Bulchaa Naannootti bilbiluu dandeessu.

Yeroo barbaaddanitti gargaarsa argachuuf Office of Constituent Relations (Waajjira Hariiroo Filattootaa)

lakkoofsa 1-800-723-4831 bilbilaa

-ykn-

Office of the Family & Children’s Ombuds (Waajjira Maatii fi Komii Daa'immaniif Falmu) *1-800-571-7321 tti bilbiluu dandeessu.

**Ejensiin kun DCYF irraa adda. Yaaddoowwan waa'ee DCYF qorata.*

*Maxxansa kana bifa ykn afaan biraatiin kooppii isaa yoo barbaaddan, maaloo Hariiroo Abbaa Dhimmaa DCYF qunnamaa (1-800-723-4831 | 360-902-8060,* ***ConstRelations@dcyf.wa.gov****).*

DCYF PUBLICATION CWP_0083 OM (08-2021) Oromo

# Child Protective Services (Qorannoo Tajaajila Eegumsa Daa’immanii, CPS) Investigation

*Nageenya Daa'immanii Eeguu osooma Maatii Dandamachiisanii*



Washington State Department of
CHILDREN, YOUTH & FAMILIES



## Qorannoon CPS maaliidha?

Qorannoo CPS jechuun himannaa/iyyata daa'imni tokko miidhaan ykn xiyyeeffannoo dhorkamuun irra ga'eera jedhuuf deebii kennuudha. Innis yaalii bal'aa fi haqa qabeessa ta'e naannoo itti fayyadama garmalee/miidhaa, xiyyeeffannoo dhorkamuun, ykn daa'imman dagatamuun jiraachuu isaa, akkamitti ykn yoo kun daa'imman gara fuulduraatti miidhaa ykn xiyyeeffannoo dhorkamuudhaaf kan saaxilu ta'e, akkasumas daa'imman nageenya qabaachuu isaanii baruuf kan gargaarudha. Kunis gaaffiiwwanii fi af-gaaffiiwwan maddoota barbaachisoo adda addaa irraa argamaniin kan guutamudha.

## Ani maaliifan qorannoo kana argachaa jira?

- The Department of Children, Youth, and Families (Muummeen Daa'immanii, dargaggoo, fi Maatii, DCYF) gabaasa nageenya daa'ima keessanii ilaalchisee yaaddoo qabu fudhateera.
- Gabaasni kun hiika seeraa miidhaa daa'immanii fi xiyyeeffannoo dhorkamuu guuteera (RCW 26.44.020).
- Gabaasni kun himannaan kun giddu galeessaan ol'aanaa ykn balaa ol'aanaa akka qabu ykn balaan battalaa daa'ima keessan irratti jiraachuu akka danda'u agarsiiseera.
- DCYF ijoollee keessan nageenya isaanii eeguudhaaf isin waliin hojjechuu barbaada.

## Hiikkoon Miidhaa fi Xiyyeeffannoo dhorkuu Daa'immanii maalidha?

Miidhaa ykn xiyyeeffannoo dhorkuu/dagannoo daa'immanii jechuun miidhama, miidhaa saalaa, ykn hariiroo saalqunnamtii miidhaa hamilee olaanaaf daa'ima saaxilu nama kamiinuu kan raawwatame haala fayyaan, nagummaa, ykn nageenyi daa'imaa akka miidhame agarsiisuun, ykn xiyyeeffannoo dhorkuun/ dagannoon daa'ima tokko ilaaluun ykn haala hamaadhaan raawwatame jechuudha. Balballoomii dabalataa toora interneetii irraa argachuuf Boqonnaa 110-30 WAC ilaalaa **https://apps.leg.wa.gov/WAC/default.aspx?cite=110-30&full=true**.

## Qorannicha irraa maaltu eegama?

- DCYF garee maatii kanaaf iddoo guddaa kan kennu yoo ta'u, ijoolleen yoo nagaadhaan achi turuu danda'an mana isaanii keessa akka turaniif hojjeta. Nageenyi daa'ima keessanii waanta kamiinuu caalaa barbaachisaa waan ta'eef keezwoorkeriin yoo guutumaatti kan danda'amu ta'e, karaa daa'ima keessan mana keessan keessatti nageenya isaa eeguu danda'u argachuuf walitti dhiyeenyaan ni hojjeta.
- Isinii fi daa'imman keessan yeroo hunda karaa haqa qabeessaa ta'ee fi kabajaan ilaalamuu qabdu.
- Akka maatiitti, guddisee seeraatti, ykn nama qoratamaa jiruutti akka qaama qorannootti af-gaaffiin isiniif ni taasifama.
- Akkaataa seeraatti, daa'immaniif af-gaaffiin ni taasifamaaf akkasumas suuraas kaafamuu ni danda'u, akka qaama qorannootti, hayyama keessan malee. Ijoolleen yeroo af-gaaffii taasisan qaamni sadaffaan filannoo isaanii ta'e akka argamuuf gaafachuuf mirga qabu.
- Odeeffannoon kan walitti qabamu karaa galmeewwan jiran argachuu fi af-gaaffiiwwan namoota qunnamtii barbaachisoo adda addaa waliin taasifamuun ta'a.
- Himannaa qoratamaa jiru keessa gochootni yakkaa yoo jiraatan, qorataan CPS qaamolee seera kabachiisan waliin ta'uun odeeffannoo irra deddeebi'amee walitti qabamu hir'isuu danda'a.
- Tajaajiloonni fedhiiwwan maatii keessanii guutuuf, balaa hir'isuu fi yaaddoowwan nageenyaaf, ykn dhimmi keessan hordoffiif gara Family Voluntary Services (Tajaajila Tola Ooltummaa Maatii, FVS)tti dabarfamuu danda'a.

## Argannoowwan maal fa'i?

Himannaan "Bu'uura Kan Qabu" ykn "Bu'uura Kan Hin Qabne" ta'uu danda'a. Argannoo bu'uura qabu jechuun, odeeffannoo jiru irratti hundaa'uun, miidhaa ykn dagannaan daa'immanii dhuguma uumamuu isaa hin oolu jechuudha. Argannoo bu'uura hin qabne jechuun immoo, odeeffannoo jiru irratti hundaa'uun, miidhaa ykn dagannoon daa'immanii kan hin jirre ykn ragaan gahaan himannaan sun uumamuu fi dhiisuu isaa murteessuuf gargaaru hin jiru jechuudha.

## Bu'aa argannoo kanaa akkamitti natti himu?

Xalayaan bu'aa argannoo kana isin beeksisu ni ergama. Argannoon sun yoo kan bu'uura qabu ta'e, xalayaan sun akkaataa bu'aa argannoo sanatti ol'iyyannoo itti dhiheessitan isinitti hima. Ol'iyyannoon kun xalayaan bu'aa argannoo kana erga fudhattanii guyyoottan 30 keessatti waajjira DCYF ga'uu qaba ykn bu'aan argannichaa kan xumuraa ta'a. Yoo iddoo jijjiirrattaniittu ta'e keezwoorkeriin teessoo keessan isa haaraa akka beeku mirkaneessaa.

## Argannoon bu'uura qabu akkamitti dhiibbaa narrattii geessisuu danda'a?

Bu'aan argannoowwan bu'uura qaban siistamii/sirna kompiitaraa DCYF keessatti iccitiidhaan kuufamaniiru. Kaayyoo armaan gadiitiif hojiirra ooluu ni danda'u:

- Ragaa tarkaanfii mana murtii daa'imman keessan ilaalchisee.
- Daa'immanii fi ga'eessota saaxilamoo ta'an kunuunsuuf qacaramuu, hayyama argachuu ykn tola ooltummaan gochuu danda'uu keessan murteessuu.
- Odeeffannoo duubee, gara fuula duraatti himannaan yoo isinirratti dhiyaateef.
- Gara kunuunsaa kan dhufu fira ykn dhala fira keessanii ramaduuf ulaagaa guuttan qabaachuu keessan murteessuu.

